Minnesota Department of Health

TUBERCULOSIS (TB) PREVENTION AND CONTROL PROGRAM

# Wal'laansa Dhukkuba Sombaa (DhS) Kan Riphee Ture Amma Dhukkuba Ta'e Rifampin:

Qoranaan fayyaa keessanii riphee kan jiru dhukuba yks LTBI akka qabdan agarsiisa. Kana jechuun *jarmiin* dhukuba sombaa DhS qaama yks dhaqna keessan keessa akka jiru dhukkubsachuus akka dandeessan agarsiisa

*Jarmiin* DhS kun amma isin hinmiidhan, nama garabiraattis hindarbu. Jarmiin kun akka waan rafanii jiraniiti. Jarmiin DhS kun yoo dammaqan garuu isin dhukkubuun hinmala. Yeroo sana dhukkuba sombaa isa si'aa (damaqaa) yks hojii isaa hojjechuutti jiru jedhama. DhS akkasii namoota garabiraattis dabarsuu hindandeessu.

## DhS Si'aa Attamitiinan Of'irraa Eeguu Danda'a?

DhS si'aa of'iraa eeguudhaaf qoricha fudhachuu hindandeessu. Rifampin kanjedhamu qorichi LTBI kan jedhamu dhukuba sombaa wal'laanuu dhaaf beekamaa dha. Qorichi kun jarmii DhS utuu isaan riphanii yks rafafanii jiranii, utuu isin hindhukkubin ajjeesuu. Garuu jarmiin DhS kun baayyee cimoo waanta'aniif qorichi ajjeesuudhaaf ji'a baayyee fudhachuu mala.

Qoricha Rifampin jedhame kana doctoorii yks narsii (nurse) keessan hamamiif akka fudhatan akka isintti himanitti utuu wal'irraa hinkutin fudhadhaa. Qoricha Rifampin kana nyaata malee yoo fudhattan caalaa gaariidha. Yoo garaa keessan isin tuqe yks dhukubsee garuu midhaan xinnoo wajjin fudhachuu hindandeessu yks galgala yeroo ciisuudhaaf gara siree dhaqxan fudhadhaa.

## Eegaa na'hindhukkubnnee maaliif qoricha fudhachuun nabarbaachisa?

*Jarmiin* DhS kan riphanii jiran utuu isaan dammaqanii isin hindhukkubin qorichaan ajjeesuutu salphata.

## Yoon qoricha hinfudhanne maaltu anairra ga'a, maaltu ta'a?

Yoo qoricha Rifampin guyyaa baayyeedhaaf fudhachuu dhiiftan, utuu doctooriin yks narsiin (nurse) keessan isinitti hinhimin yoo dhaabdan DhS inni riphee jiru si'a'ee(ka'ee) isin dhukkubuu danda'a. Isinii fi maatiin keessan akka fayyaan keessan eegamuuf jarmii DhS ajjeesuun barbachisaa dha.

## Kattabii BCG fudhadheera yoo tae'oo?

BCGn ijoolleen DhS cimaa dhaan akka hinqabamne irraa ittisa, garuu waggoota yaraadhaaf. LTBI yks DhS s'aan akka nama hinqabnne hinittisu. BCG fudhattaniitu yoo ta'eyyuu DhS TBI irraa isinii fi warra garabiraa akka eeguuf qoricha fudhachuutu isin irra jira.

## Kaffaltii Rifampin Baasuu Yoon Hindandeenye'oo?

Qoricha DhS Kutaa Fayyaa Sagantaa Dhukkuba Sombaa (DhS) Minnesota biraa karaa itti tola argattan doctoorii yks narsii keessan wajjin dubadhaa.

# Yoon Iddoo Garabiraa adeeme'oo, geddaradhe'oo?

Magaalaa yks *state* garabiraatti iddoo utuu hingeedaratin doctorii yks narsii (nurse) keessanitti himaa, beeksisaa. Erga iddoo geddarattan boddee qoricha DhS akka itti fuftanii argattan isin gargaaruuf hindanda'u.

# Waa'ee Qoricha DhS LTBI maal beekuutu ana'irra jira?

- Hamma qoricha keessan LTBI fudhachuu raawwattanitti biiraa, daadhii-wa'inii yks dhugaatii alkoolii qabu hindhuginaa. Qoricha DhS LTBI fudhataa utujirtanii yoo dhugaatii alkoolii qabu dhugdan tiruu keessan miidhuu hindanda'a.
- Qoricha garabiraa kan fudhatan yoo jiraate doctoorii keesanitti himaa.
- Qoricha LTBI fudhata utuu jirtanii akka hinulfoofne of'eeggadhaa. Wanta ulfaa'uu dhowwu waan akka kondomii (concom) dhimma itti ba'aa akka hinulfoofne. Qoricchi Rifampin jedhamu hormoonii dhaan kan ittifamu ulfa'aa'uu irratti dhiibbaa godhee dogogorsiisuu himmala.Yoo ulfooftan garuu doctoorii kessan yks narsiitti (nurse) battaluma sana bilbilaatii itti himaa.

**Namooti baayyeen qoricha Rifampin rakkoo tokko malee fudhachuu danda'u. Namooti tokko tokko'immoo rakkini kanaa gadi jiran irra ga'uu hinmala:**

- Guyoota sadii oliif o'isaa yks gubaa qabaachuu
- Nyaataaf fedhii dhabuu yks dadhabiin itti dhaga'aamuu.
- Garaan isaanii tasgabii dhabu yks balaqamsiisuu.
- Dhukkubbii garaa keessaa gara gadii.
- Fincaan gurraach bifa shaa'ee yks buna fakaatu fincaa'uu
- Gogaa dhaqnaa yks ija bifa keelloo fakatuu qabaachuu
- Gogaa isaanii irratti shif jechuu (horbobba'uu), hossisu.
- Harka fi miilla hadoochuu yks ciciniinu.

**Rakkina kanaa olii keessaa tokkooyyuu yoo of'irratti argitan, qabaattan:**

1. Qoricha keessan sana fudhachuu dhaabaa.
2. Battaluma sana doctoorii yks narsii (nurse) keessanitti bilbilaa. Hama bellama keessan isa itti aanuutti hineeginaa

**Qoricha DhS keessan fudhachuu yaadadhaa.** Yoo guyyaa baayyee utuu hinfudhatin haftan qorichichii hojjechuu dhiisuu hinmala .Akka yaadachuu isin gargaaraniif kana ilaalaa:

- Rifampin keessan lafa argitan keewwadhaa.
- Rifampin guyyaa guyyaadhaan yeroo dhuma tokkotti fudhadhaa. Fakkeenyaaf ilkaan keessan erga rigattanii boodee yks yeroo rafuuf gara siree dhaqxan.
- Akk isin yaadachiisuuf nama tokkooti himadhaa.
- Ergaa qoricha Rifampin keessan fudhattanii booddee kalanderii keessan irratti milikkita godhaa.
- Yaadachiisa telephoona keessan irra godhadhaa.
- Sanduuqa qoricha fudhachuu nama yaadachiisutti dhimma ba'aa.

Yoo iraanfattanii utuu hinfudhatin haftan caafaa kaa'aatii yeroo bellama keessan isa ittii aanutti doctorii yks nurse keessanitt himaa.

**Beelama mana yaalaa keessan hundumaa eegadhaa.** Doctooriin yks narsiin keessan wallaansi keessan akka inni fiixaan isiniif ba'u yaalii isinii godhu.

Beelamiikoo Qoricha DhS itti aanu:

Guyyaa:

Yeroo:

Doctorii yks nursii:

Iddo isaa:

Lakoobsa bilbilaa:

Minnesota Department of Health
Tuberculosis (TB) Prevention and Control Program
P.O. Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414
www.health.state.mn.us/tb